# Fakkiin munaafiqaa, akka re'ee gidduu tuuta re'ootaa lamaa deemtuuti, yeroo tokko gara isii kanaatti yeroo kaan immoo gara isii sanaati deemti

Ibnu Umar irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Fakkiin munaafiqaa, akka re'ee gidduu tuuta re'ootaa lamaa deemtuuti, yeroo tokko gara isii kanaatti yeroo kaan immoo gara isii sanaati deemti".
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haalli munaafiqaa akka re'ee tuuta re'ootaa lamaa gidduu deddeemtu gara tuuta kamii akka gortu kan hin beeknee ta'uu ibsani. Yeroo tokko gara tuuta isa kanaatti yeroo tokko immoo gara tuuta isa biraatti deemti, Isaan iimaanaa fi kufrii gidduutti dhama'oodha, keessaa fi alaan mu'uminootaa waliinii miti, akkasumas keessaa fi alaan kaafirootaa waliinii miti, inumaa isaan alaan mu'uminoota waliini, keessi isaanii immoo shakkii fi mamii keessa jira, yeroo garii gara worra kanaatti gorani, yeroo garii immoo gara worra sanaatti gorani.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee